# Yaa abbeeraa koo jedhi: Haqaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru, jecha Rabbiin biratti isaan siif mormu jedhi

Sa’iid bin Al-Musayyaab Abbaa isaa irraa odeesse akkana jedhe: Gaafa Abuu Xaalibitti duuti dhufte Ergamaan Rabbii nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu gara isaatti dhufanii isa biratti Abu Jahlii fi Abdullaah bin Abii Umayyah bin Al-Mughiirah argan, eegasii akkana jedhaniin: "Yaa abbeeraa koo jedhi: Haqaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru, jecha Rabbiin biratti isaan siif mormu jedhi", Abu Jahlii fi Abdullaah bin Umayyaas akkas jedhaniin: Karaa Abdul muxxalib irraa of duuba deeb'uu barbaaddaa? Ergamaanis Nagaa rahmanni isaan irratti haa jiraatuu jecha sana isa irra fiduu irraa hin deemne, isaanis akkas jechuu deddeebisuu hin dhiifne, hanga Abuu xaalib jecha xumurarratti isaan dubbise keessatti akkana jedhuutti: Ani karaa Abdul muxxalib jira, Laa ilaaha illallaah jechuu ni dide, ni jedhe (Al-musayyab): Ergamaan Rabbii nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatuu akkas jedhaniin: "Rabbiin kakadhee hangan sirraa hin dhoorgaminitti araarama siif kadhadha", eegasii Rabbiin aayaa akkas jedhu buuse: {Mushrikootaaf araarama kadhachuun Nabiyyii fi warra amananiif hin malu} [Tawbaa: 113], Waa’ee Abuu xaalib keessatti Rabbiin aayaa buusuun Ergamaa Isaatiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhe: {Ati Nama jaallattu hin qajeelchitu, garuu Rabbiitu nama fedhe qajeelcha} [Qasas 56].

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- abbeeraa isaanii Abuu Xaalib haala inni du’aa jiruun irratti ol seenanii, akkas jedhaniini: Yaa abbeeraa koo, akkana jedhi: "Rabbiin malee haqaan gabbaramaan hin jiru", jecha ani Rabbiin biratti ittiin ragaa siif bahu, Abuu Jahlii fi Abdullaah bin Abii Umayyaas akkana jedhan: Yaa Abuu Xaalib karaa abbaa kee Abdul Muxxalib dhiiftaa?! Innis(karaan Abdul muxxalib) taabota gabbaruudha, jarri lameen isa dubbisuu irraa hin deemne hanga inni jecha dhumaa kan isaan jarattii dubbise keessatti akkana jedhutti: (ani) karaa Abdul Muxxalib irra jira, karaa shirkii fi taabota gabbaruudhaa, Nabiyyiiniis nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatuu akkana jedhan: waan Rabbiin kiyya araarama siif kadhachuu irraa na hin dhoorginiin araarama siif kadhadha, eegasii jechi Rabbii ol ta’ee kun ni bu’e: {Nabiyyii fi warra amananiif, mushrikootaaf (Rabbiin) araarama kadhachuun kan malu hin taane, osoo firoota dhihoo ta’anillee, erga warra jahannam ta’uun isaanii ifa isaaniif ta’ee booda} [Tawbah: 113] Waa'ee Abuu Xaalib keessatti jechi Rabbii Ol ta'ee kun bu'e: {Ati nama jaallatte hin qajeelchitu, garuu Rabbiitu nama fedhe qajeelcha, Inni warra qajeelan hunda caalaa beekaadha} [A̱l-qasas: 56]. Ati nama qajeelloo isaa jaallatte hin qajeelchitu, dirqamni kee ergaa geessuudha, Rabbiin nama fedhe ni qajeelcha.

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee